

Xiinxala Fakkoomii Dubartootaa Qoosaa Oromoo Maccaa KeessattiTewoodros Addunyaa¹, Birihaanuu Baqqalaa², Fiqaaduu Qana'aa³¹Yunivarsiitii Wallaggaatti Dhaabbata Qorannoo Afaaniifi GaazexeessummaaE-mail: tewodros540@gmail.com²Yunivarsiitii Wallaggaatti Muummee Ogbarruufi Afaan Ingilizii, ItoophiyaaE-mail: berhanub22@gmail.com³Yunivarsiitii Arsii Muummee Afaaniifi Ogbarruu Oromoo, ItoophiyaaE-mail: fekadukenea@gmail.com**AXAREERAA**

Kaayyoon qorannoo kanaa fakkoomii dubartootaa qoosaa Oromoo Maccaa keessatti mul'atu xiinxaluudha. Qorannooleen addaddaa hanga sakatta'ametti, qoosaa Oromoo irratti (keessumaa kan Oromoo Maccaa) fakkoomii dubartootaan walqabatee qorannoon adeemsifame dhabamuun isaa qorannoon kun akka gaggeeffamuuf ka'umsa ta'ee jira. Qorannichi gosa qorannoo akkamtaa bu'uureffatee gaggeeffame. Maddi ragaa qorannichaa madda ragaa tokkoffaadha. Ragaaleen qorannichaa godinoota afur: Horroo Guduruu Wallaggaa aanaa Amuruu, Wallaggaa Bahaa aanaa Guutoo Giddaa, Buunnoo Beddellee aanaa Beddelleefi Iluu Abbaa Boor aanaa Mattuu irraa funaanaman. Ragimtoonni qorannichaa namoota qoosaa qoosuu danda'an iddatteessuu kaayyeffataafi darbaa dabarsaan kanneen filatamanidha. Ragaaleen kunneen daawwannaa, marii garee xiyyeeffatamaafi afgaaffiin funaanaman. Ragaaleen sassaabaman mala xiinxala ergaatti fayyadamuun xiinxalaman. Gosti yaaxxinaa qorannichi irratti hundaa'ee gaggeeffame feminiizimiidha. Xiinxala taasisame irraa argannoon argame akka agarsiisutti dubartoonni: wantaa dhiirota gammachiisuuf tajaajilan; dharraa saalquunnamtii kanneen qabaniifi ejjitoota akka ta'anitti fakkeeffamuun qoosaa Oromoo Maccaa keessatti ibsamani jiru. Ilaalchonna kunniin toofa ittiin dubartoota hachuucuu dhimma itti ba'aman sababa ta'aniif utuu fooyya'anii gaarii ta'a.

Jechoota Ijoo: dharraa saalquunnamtii, fakkoomii dubartootaa, ejjuu, qoosaa, wantaa

SEENSA

Afoolli meeshaa hawaasni eenyummaa, haala jiruufi jireenyaa, heeraafi seera, falaasamaafi hooda, ilaalcha addunyaafi ilmaan namootaaf qabu dhaloota itti aanutti karaa ittiin dabarfatu keessaa tokkodha (Eshete, 2008; Bukenyan, 1994). Innis oguma hawaasni darbe jiruufi jireenya

isaa labata amma jiruuf ittiin qoodudha. Kun immoo, aadaa uummata tokkootti lubbuu horee umrii dheeraa akka qabaatu taasisa (Ben Amos, 1975). Afoollii hawaasni tokko seenaa akkamii keessa darbee akka dhufe ibsuuf shoora olaanaa qaba. Kana malees, falaasama hawaasaa baatee dhalootaa dhalootatti kan dabarsudha. Kanaafuu, afoola hawaasa tokko xiyyeeffannoon ilaalanii xiinxaluun eenyummaa hawaasichaa hubachuuf gargaara. Keessumaa, haala hawaasichi dhiirotaafi dubartoota itti hubatu ibsuuf ga'een isaa olaanaadha (Kobia, 2017). Afoolli gooroowwan garaagaraa qaba. Isaan keessaa tokko qoosaadha.

Qoosaa ilaalchisee hiikni dhaabbataa nama hunda biratti fudhatama qabu hanga ammaatti hinkennamne. Sababni isaa: (a) qoosaan dhimmoota walxaxoo ta'an miira, yaadsammuu, namummaafi hawaasummaa ofkeessatti hammachuu, (b) qorattoonni dirree ogummaa isaanii waliin walqabsiisuun hiikuufi qooduu yaaluu, (c) qoosaan addunyaa dhugaa keessa utuu hintaane sammuu namaa keessa jiraachuu, (d) hiikniifi ramaddiin isaa nama dhuunfaa irratti hundaa'uu, (e) jechoonni qoosaa bakka buufamanii ittiin ibsaman danachuufi dhaaba dhabuu, (f) gosoota qoosaa murteessanii ibsuun dadhabamuu, (g) aadaa hawaasaa irratti hundaa'uun hiikni kennamuu, (g) hiikniifi miirri kofalchiisuu (gammachiisuu): muuxannoo, miira, haalaafi yeroo namni dhaggeeffatu, daawwatu yookaan dubbisu irratti hundaa'uu isaati (Plester, 2016; Attardo, 2001; McCreddie & Wiggins, 2008).

Hiikni dhaabbataa hunda waliif galchu dhabamus, qoosaan wanta nama kofalchiisaa yookaan seeqsisaa ergaa dabarsudha (Martin, 2007; Eshete, 2008). Kunis, bifa garagaraan kan dhiyaatuufi muuxannoo hawaasaa irraa kan adda hinbaane, barreessaa beekamaa kan hinqabneefi dhalootaa dhalootatti daddarbuu, akkasumas humna nama kofalchiisuu danda'u kan qabudha (Hetzron, 1991). Itti yaadamee yookaan utuu itti hinyaadamiin (tasa) uumamee nama gammachiisuu, dinqisiisuufi kofalchiisuu danda'a. Haalli itti dhiyaatee nama kofalchiisus: dubbatamuun (seenessa, waliin dubbii, sirba, afwalaloo, himtokkee, arrabsoofi kanneen kana fakkaatan) yookaan haala hindubbatamneen (gochaan, ibsa qaamaan, barreeffamaan, bobbocaan yookaan fakkiidhaan) ta'uu mala (Alharthi, 2016; Plester, 2016).

Qoosaan tokko qoosaa ta'uu isaa agarsiisuuf ulaagaaleen garagaraa nidhiyaatu. Ulaagaalee kanneen keessaa tokko haala dubbataan itti dhiyeessuufi dhaggeeffataan itti hubatu irratti

hundaa'uu isaati (Masowa, 2016). Kan biraan, Freud (1905/1976) damee qoosaa keessaa tokko kan ta'e baacoon afoolaa (*spoken joke*) qoosaa jedhamuuf adeemsa hawaasummaa sadii of keessaatti qabachuu qaba. Isaanis: dubbataa/-ttu baacoo, dhaggeeffattootaafi qaama baacoon sun fuulleffatee baacamudha. Akkasumas, Nilsen (1994) qoosaan tokko amaloota arfan armaan gadii guutee yoo argame qoosaa jedhama. 1) nama dubbatu (*subject*) 2) haala itti dubbatame (*tone*) 3) kaayyoo dubbatameefi 4) haala dubbataafi dhaggeeffataa. Walumaagalatti, qoosaan tokko qoosaa jedhamuuf qaama qoosaa sana qoosu (dubbiin, barreeffamaan, sochiin, fakkiin, ogbocaafi kanneen biroo), sababa itti qoosamu, haala itti qoosamuufi jamaa (kanneen qoosaa sana dhaggeeffatan, daawwatan, dubbisaniifi kanneen kana fakkaatan) of keessatti hammachuu qaba.

Qooddii qoosaa ulaagaalee adda addaa irratti hundaa'uun gaggeessuun nidanda'ama. Isaan keessaa haalli dhiyaannaafi galumsi yookaan qabiyyeen warreen ijoodha (Masowa, 2016). Haala dhiyaannaa isaanii irratti hundaa'uun: qoosaa saalquunnamtii, qoosaa bushaa'aa, qoosaa dheekkamsaa, qoosaa safuu, qoosaa didaaktikiifi qoosaa saadistikii jedhamu. Qabiyyeedhaan: baacoo/ baacoo qindaawaa, qoosaa taphjechaa, qoosaa habalakaa, qoosaa seendhugaa, qoosaa akkeessuu, qoosaa anyarsee, qoosaa busheessuu, qoosaa dogoggora dubbii, qoosaa gadbuusuufi of qummuunsuu (salphisuu), qoosaa qareessaa, qoosaa arrabsoo, qoosaa aarsuufi qoosaa battalaa kanneen jedhamanidha.

Qoosaan nama bashannansiisuutti dabalee dhimmoota hawaasaa ibsuu keessatti gahee qaba (Masowa, 2016). Dhimmoota hawaasummaa keessaa tokko fakkoomii dubartootaati. Yaada kana Laineste (2012) qoosaan waa'ee dubartootaa dubbatamu seenduubee, aadaafi ilaalcha hawaasummaa fakkoomiin agarsiisa. Fakkoomii jechuun, haala wanti tokko yookaan namni tokko karaa afaanii ibsamuufi bocamu of keessatti hammata (Hall, 1997). Kunis, adeemsa barsiifataa hawaasni waan waloofi dhuunfaa isaa ittiin to'atudha (Faircough, 2001). Fakkoomiin koornayee, dhiironni yookaan dubartoonni aadaa murtaa'e keessatti akkaataa ittiin ibsamanidha (Zelege, 2013). Kana jechuun, haala maatiin yookaan hawaasni amala dhiirotaafi dubartootaan walqabsiisuun akka aadaatti yaadan, hubatan, akkasumas, miira isaan calaqqisiisanidha. Fakkoomii dubartootaa haala hawaasni jiruufi jireenya isaanii keessatti dubartoota itti hubatan yookaan bocanii ibsan jechuudha. Hubannoon hawaasaa kun amalaafi ilaalcha dubartoota irraa eegamuufi wanta isaan calaqqisiisan irraa ka'uun uumama. Xiyeffaannoon isaa irra jireessaan

hariiroo dubartootni daa'immaniifi hiriyyaa jaalalaa isaanii waliin qaban, akkasumas, saalaafi miira isaan hawaasa keessatti agarsiisan irrattidha (Nassbaum, 1995). Fakkoomiiwwan dubartootaan walqabatani yaadoleen jiran yaadaafi amantaa hawaasichaa kanneen calaqqisiisaniifi tarkaanfachiisanidha. Afoola keessatti dubartoonni: dhibaa'oo, hamattoota, albaadhoo, gowwoota, shakkitoota, micicoo, itti gaafatamummaan kanneen itti hindhagahamne, halaleewwan, maltoota, kaayyoo kanneen hinqabne, salphaatti kanneen sossobaman, dagattoota, gochaa hamaa kanneen raawwatan akka ta'anitti fakkeeffamu (Chesaina, 1991). Gama biraan, haadholii, garraamii, garalaafeyyiifi arjoota ta'uu isaaniitu hubatama (Berhanu, 2015).

Haalota biroo dubartoonni ittiin fakkoomfamanii ibsaman keessaa akka wantaatti ilaalamuu (waanteffamuu), dharraa saalquunnamtii qabaachuufi miriixummaan is eeramuu danda'u (Masowa, 2016). Wantaa saalquunnamtii ta'anii ibsamuu jechuun fedhii dhiiraa guutuuf akka uumamanitti fakkeeffamuudha. Yaada kana McKay (2013, f. 54) "...Many women are sexually objectified and treated as an object to be valued for its use by others". Kana jechuun, dubartoonni akka wantaa qaamni biraa itti tajaajilamuuf uumamanitti hubatamuudha. Kunniinis haala torbaan mul'achuu danda'u (Nussbaum, 1995). Isaanis: dubartoota akka meeshaatti (instrument), gadaantummaa, fedhii hinqabnee, wantaan jijjiiramtoota, gadhiisii, qabeenya dhuunfaa dhiirotaafi fedhiin isaanii kan hineegamneef kanneen jedhamanidha.

Gama biraan, haala dubartoonni itti fakkooman keessaa tokko dharraa saalquunnamtii qabu ilaalcha jedhudha. Dharraa saalquunnamtii jechuun, humna gara amala saalquunnamtiitti geessu yookaan gara sanatti dhiibudha (Levine, 2003). Dharraa saalquunnamtii kaka'umsa saalquunnamtii taasisuuf jiru ta'ee, yeroo baay'ee gochaafi gammachuu saalquunnamtii hawwuutiin ifa ba'a. Dharraa saalquunnamtii olaanaa qabaachuun fedhii saalquunnamtii yeroo dheeraa ba'achuuf dheechohudha.

Namni tokko dharraa kana qaba kan jedhamu madaalliiwwan armaan gadii keessaa tokko yookaan sanaa ol kan calaqqisiisu yoo ta'edha. Isaanis: yaaduu, abjoochuufi tasa kaka'umsa godhachuu, irra deddeebiin walqunnamtii saalaa barbaaduu, hiriyoota walqunnamtii saalaa baay'inaan barbaaduu, ofiin of gammachiisuu, walqunnamtii saalaa raawwachuuf fedhii itti fufiinsaan qabaachuu, yeroo dargaggummaa fedhiin saalquunnamtii namatti dhagahamuu,

saalqunnamtii barbaaduufi jalqabuu, shaakala saalqunnamtii adda addaa hawwu, qabeenya walqunnamtii saalaaf baasii taasisuu, ilaalcha saalqunnamtiif mijatu qabaachuu, yeroo baay'ee fedhii saalqunnamtii dhabuufi sadarkaa dharraa ofii madaaluudha (Kontula, 2009). Kanaafuu, dhiiras ta'u dubartii qabxiilee olitti tarreeffaman keessaa tokko yookaan isaa ol calaqqisiisnaan dharraa saalqunnamtii qabu jedhama.

Haala dubartoonni ittiin fakkeeffamuun ibsaman keessaa inni biraan ejjadha. Ejji gocha saalqunnamtii nama fuudhee bultii ijaarrate waliin raawwatamudha. Kana jechuun, saalqunnamtii dhiirri yookaan dubartiin hiriya gaa'elaa ofii malee nama hiriya gaa'elaa biraa qabu/-du waliin raawwatamudha (Franca, 2021). Haalonni gara ejjaatti nama geessan hedduun jiraatanis muraasni isaanii: namoota walbeekan, jaalallee duraanii, firoota isaanii, firoota abbaa seeraa, ollaafi namoota beekamoo wajjin ta'uu mala. Akkasumallee, utuu hinbeekiin miidiyaalee hawaasaa: fuulbarruu, "imo", "Whats app", "viber", "tiktok"fi kanneen kana fakkaatan irratti namoota qaamaan hinbeekne waliin ejji niraawwatama (Yesmen & Nahid, 2020). Isaan kunneen namni tokko akka ejjuuf sababa ta'uu malu. Asitti wanti hubatamuu qabu ejjiifi sagaagalummaan adda ta'uu isaaniiti. Ejji gochaa namoota bultii garaagaraa ijaarratan gidduutti raawwatamu yoo ta'u, sagaagalummaan garuu gochaa gaa'elaan dura namoota bultii hinijaarranne yookaan nama bultii ijaarrate/-tteefi hinijaarranne gidduutti raawwatamudha.

Oromoon sirnoota bulchiinsaa sadiin uummata gaggeessaa ture. Isaanis: sirna Kaabboo Gosaa (Patriarchal monarchy), sirna Akkoo /Qorkee (Mohammed, 1983; Negaso, 1984) (matriarchal monarchy)fi Sirna Gadaadha (Muluken, 2021). Sirna Kaabboo Gosaa keessatti olaantummaan hoogganaa kan turan dhiirrotadha. Dhiironni sirna bulchiinsa isaanii keessatti loogii baay'isan. Kanarraa kan ka'e fincilli uummataa jabaate. Sababa kanaan bulchiinsi dhiirrotaa kufee Sirna Akkoon /Qorkeen bakka buufame. Yeroo sana Haati Sonkooroo Macca, Akkoo Mannooyyeen Karrayyuufi Tuulama, Qorkeen Ittuu-Humbannaafi Haati Abbonoyyeen Booranaa; Gujiin immoo dubartoonni afur: Akkoo Qarooyyee, Akkoo Lasii Lasooyyee, Akkoo Qadhoo Qasooyyeefi Akkoo Mannooyyeen sirnaan bulchaa akka turan dubbatama (Muluken, 2021). Bulchiinsi dubartootaa kun yeroo booda cabuun hooggansa dhiiraan bakka buufame. Kufuu Sirna Akkoof sababa kanneen jedhaman dubartoonni dhiirota qaamaan laafoo, gurra duudaafi ija ballaa ta'anitti akka hinheerumne seera labsuuf yaaluu isaaniiti (Callaa, 2014). Darbees, gochaa Akkoo Manoooyyeen raawwataa turte dhiirota biratti mormii guddaa kaase (Muluken, 2021). Carraa

kanaan warri dhiirotaa sirna bulchiinsa Gadaa ijaaran. Erga sirni kun ijaaramee deebi'anii bulchiinsa dubartootaa jala akka hinseenneef afaan (afoola) fayyadamuun dubartoota gad qaban. Yaada kana Dirribii (2012: f. 202) “Dur uummanni osoo hinqaroomiin hawaasa gaggeessaa kanneen turan dubartootadha. Yeroo dheeraa booda aangoon bulchiinsa dubartootaa irraa harka dhiirotaa seene. Aangoon kun akka harkaa hinbaane dubbii afaanii fayyadamuun dubartootni dadhaboofi wallaaloo akka ta'anitti waan hunda irraa fageessan” jechuun ibsa. Yaadni akkasii dubartoota rakkoo garaagaraaf isaan saaxilee jira. Kunis, dubartoonni jireenya isaanii keessatti gadaantummaan akka itti dhagahamu taasise. Akkasumas, akka ofitti amanamummaa hinqabannee godhe (Schmitz, 2007). Hawaasa keessatti meeshaan cimaan dhiibbaa dubartoota irraan geessisu afaanidha Mugo (1975). Afaan immoo ilaalcha hawaasni jiruufi jireenya isaa keessatti miseensota isaaf qabu ibsuuf humna cimaa qaba. Akka isheen jettutti ilaalchi aadaa hawaasaa dubartoota irratti dhiibbaa geessisa. Miseensota hawaasaa dhiibbaan afaanii irra gahu keessaa dubartoonni isaan tokko.

Qoosaanis afoola (afaan) dhimma dubartootaa dhiyeessu keessaa tokkodha. Kanaafuu, qorannoon kun fakkoomii dubartootaa qoosaa Oromoo Maccaa keessatti mul'atu xiinxaluu irratti qorannoo gaggeeffame. Qorannoo kana gaggeessuuf yaadoleen ka'umsa ta'an fakkoomii dubartootaa gooroowwan afoolaa keessatti: makmaaksaafi oduu durii Ayehu & Lenin (2019), Ndungo (1998), Tadesse (2019), Kabaji (2005), Ashenafi fi Sena (2017) fi Berhanu (2015) ilaalamanii jiru. Garuu, qoosaa keessatti dubartootni haala kamiin fakkoomfamanii akka ibsaman namni qorannoo gaggeesse hinmul'atu. Qoosaarratti qorannoon gaggeeffamee jirus Miratuu (2013) ergaafi qabiyyee isaa qorachuu irratti hundaa'ee qorate. Innis fakkoomii dubartootaa wajjin walqabsiisee qabxii kaase hinqabu. Akkasumas, qoosaan gooroowwan afoolaa keessaa tokko ta'ee hawaasaan hojiirra oolus dirree qorannoo afoolaa keessaa dhiibamaadha (Masowa, 2016). Yaadni kun qoosaa Oromoo akka waliigalaarratti nicalaqqisa. Kana jechuun, qoosaan Oromoo amma afoolawwan warra kaanii qoratamee dirree qorannoo Oromoo keessatti hinmul'atu. Kanaafuu, qorannoon kun yaadolee kanneen ka'umsa taasifachuun gaggeessame.

MALLEEN QORANNICHAA

Qorannichi beeduubbee (paradaayimii) ijaarsaa bu'uureffachuun gaggeeffame. Sababni isaa, akka ilaalcha beeduubbee kanaatti dhugaan dhaabbataa miti. Hawaasa irratti hundaa'ee hiika argachuu

danda'a. Qorannoo kana keessattis dhugaaleen jiran hiika hawaasa qoosaa sana fayyadamuu irratti xiyyeeffate. Kanaafuu, hiikni qoosaalee kanneenii hawaasa kanaan ala yoo ba'aniifi ija biraan ilaalaman hiika biraa argachuu danda'u. Qorannichi gosa qorannoo akkamtaan gaggeeffame. Maddi ragaalee qorannichaa madda ragaa tokkoffaadha. Maddoonni ragaalee kunneenis maanguddootaafi dargaggoota aanaalee qorannichi keessatti gaggeeffameeti. Haaluma kanaan, aanaalee afur (Horroo Guduruu Wallaggaa aanaa Amuruu, Wallagga Bahaa aanaa Guutoo Giddaa, Buunnoo Beddellee aanaa Beddelleefi Iluu Abbaa Boor aanaa Mattuu) irraa ragaan funaanamee jira. Qorannoo kanaaf aanaalee filataman keessatti daawwannaan gandoota baadiyyaa keessatti taasisamee jira. Akkasumas, afgaaffiin gamisaan caaseffamaa tokko tokkoo aanaalee irraa namoota afur afuriif (waliigala namoota 16) waliin taasisame. Marii garee xiyyeeffatamaas garee miseensota saddeet qabaniin (waliigala garee $4 \times 8 = 32$) gandoota aanaalee filatamii irratti turtii sa'aatii tokkoofi walakkaa hincaalleen gaggeeffame.

Malleen funaansa ragaalee qorannoo kana keessatti hojiirra oolan daawwannaa, marii garee xiyyeeffatamaafi afgaaffiidha. Malleen funaansa ragaalee keessaa daawwannaa yeroo hojii hojjetanii (daboodhaan midhaan haaman)fi dhimma hawaasummaa irratti marii'atan qoosaa isaan qoosantu daawwatame. Ragaalee daawwannaan argaman irratti dabalataan, marii garee xiyyeeffatamaanis kanneen argaman jiru. Dabalataan, ragaaleen afgaaffiidhaan walitti qabamanii jiru. Ragaaleen ragimtoota irraa sagaleefi suursagaleen funaanaman jalqaba gara barreeffamatti jijjiiramani. Isaaniin gara barreeffamaattii jijjiiruuf mala jijjiirraa gulaalliitu (edited transcription) hojiirra oolfame. Adeemsa kana keessatti jalqaba jijjiirraan ragaalee mala jijjiirraa irra keessaa (rough transcription) erga gaggeeffamee booda mala jijjiirraa liixxaa (fine transcription)tiin barreeffamee xumurame. Xiinxalli isaa mala xiinxala ergaatiin yaadiddama feminiizimii bu'uureffatee gaggeeffame. Sababni yaadiddamni feminiizimii filatameef inni guddaan dhiibbaa aadaafi hawaasni dubartoota irratti fe'ee tureefi fe'aa jiru jalaa baasuuf wal'aansoo taasifamu tumsuun mirga dubartootaa kabachiisuudha. Xiyyeeffannoon isaas sochii dubartoonni taasisan irratti hubannoo uumuudha. Kunis: ofitti amanamummaa dubartootaa cimsuu, hirmaannaa si'ataa murtee kennuufi dhimmoota hawaasummaa irratti qaban cimsuu, aangomsuu, hawaasni dubartootaaf kabajaafi iddoo isaaniif malu akka kennu taasisuufi kanneen biroodha. Sochiin kun dubartoonni jireenya mijataa akka jiraatan taasisuu keessatti iddoo olaanaa qaba. Kana taasisuuf immoo wal'aansoon taasisamuu qaba ejjennoo jedhu qabu. Ejjennoo isaanii keessaa wantoota

dhokatanii dubbatamaniifi hakuuccaa irraan ga'an baasanii dubbachuun falmuun qabsoo taasisu. Kanarraa ka'uun yaadiddamni kun qorannoo kana gaggeessuu keessatti filatame.

Dhiyeessaafi ibsa

Dubartootaafi Saalquunnamtii

Dubartoonni qoosaa Oromoo Maccaa keessatti bifa garagaraatti fakkeeffamuun ibsamu. Haalota dubartoonni ittiin fakkeeffamanii ibsaman keessaa dubartootaafi saalquunnamtii kan jedhu tokkodha. Hawaasni qoosaatti fayyadamuun dubartoota akka wantaa saalquunnamtiitti hubachuu, dharraa saalquunnamtii akka qabanitti ibsuufi ejjitoota akka ta'anitti (dhiirota biroo kanneen barbaadan) yaaduun yeroo baay'ee mul'ata. Isaan kunneen qoosaalee Oromoo Maccaa maddeen garaagaraa irraa sassaabaman keessatti haala armaan gadiin dhiyaatanii jiru.

Dubartoota akka Wantaa Saalquunnamtiitti

Jechi 'wanta' jedhu qorannoo kana keessatti jecha Afaan Ingilizii (*object*) jedhu kan bakka bu'u ta'ee dhala namaa, keessumaa dubartoota akka wantaatti ilaalu yookaan hubachuudha. 'Wanteeffamuu' (*objectification*) jechi jedhu immoo akka wantaa sanatti fudhatamuu, hubatamuu yookaan ta'uu yaadrimee jedhudha. Wanteeffamuu jechuun adeemsa ilmi namaa yookaan wanti tokko, akka wanta tokkootti (*object*) itti fakkeeffamu yookaan itti ilaalamudha. Leellistoonni feminiizimii akka jedhanitti dubartoonni hawaasa addunyaa dhiirotaan dhuunfatamte keessatti akka wantaatti fakkeeffamanii ibsamu (Nussbaum, 1995). Ilaalchi kun dhalootarraa dhalootatti ce'ee akka adeemuuf ilaalchi hawaasaa dhiibbaa akka qabu ibsu. Dubartootni akka wantaa saalquunnamtiitti ibsamuu jechuun fedhii dhiiraa guutuuf akka uumamanitti fakkeeffamuudha. Dubartoonni akka wantaa qaamni biraa itti tajaajilamuuf uumamanitti hubatamuudha. Namni tokko akka wantaa saalquunnamtiitti ilaalamuuf haalota garagaraa agarsiisuu qaba. Isaanis: akka meeshaatti, gadaantummaa, fedhii hinqabnee, wantaan jijjiiramtoota, gadhiisii, qabeenya dhuunfaa dhiirotaafi fedhiin isaanii kan hineegamneef kanneen jedhamanidha. Qoosaawwan Oromoo Maccaa keessattis dubartoonni wantaa dhiirotaa ta'anii yeroo ibsaman nimul'atu.

Jaarsa tokkotu ture. Jaarsi kun dubartii umriin isaa gad taate fuudhee jiraataa ture. Bara jiraate keessatti kutaa ciisichaa namni biroon keessa hinseenne qaba. Umriin waan deemneef qaamni isaa dafee hinho'u ture. Haadha warraa isaa waliin saalquunnamtii

raawwachuuf dirqama qaama isaa ho'ifata. Kanaaf, mana ciisicha isaa keessatti cilee qabsiisanii qullaa isaa taa'ee qaama isaa hunda sukkuumaa ho'ifata. Yeroo qaamni isaa haalaan ho'us nafsaaalli isaa waan ka'uuf haadha warraa waama. "Alamituu, Alamituu koottu ka'eera" jedha (Madda: Galataa Guunjee).

Qoosaa kana keessatti dubartiin jirtu wantaa jaarsa kana gammachiisuuf uumamtetti fakkeeffamtee jirti. Wantaa dhiiraaf uumamte ta'uu ishee ragaan agarsiisu kan jalqabaa nama umrii ishee hingitnetti heerumuudha. Kana jechuun, wantaa dhiiraaf uumamte jedhamtee waan hubatamtuuf nama umriin ishee caalutti heerumte. Gochaan akkasii dhiironni yeroo barbaadanitti dubartoota umriin isaanii gad ta'an fuudhuu danda'u ilaalcha jedhu uuma. Kan lammataa, fedhii isaarratti hundoofta saalquunnamtii raawwachuuf dhufuun ishee wantaa saalquunnamtiitti fakkeeffamtee ibsamuu ishee agarsiisa. Fedhiin ishee hineegamuuf jechuudha. Leelliftoonni feminiizimii saalquunnamtiin fedhii haadha warraa malee (yeroo abbaan manaa yookaan dhiirri barbaadutti qofa) raawwatamu gochaa dirqisiisanii gudeedduuti jedhu (Richardson & Robinson, 1993). Kanaafuu, dubartiin qoosaa kana keessa jirtu fedhii saalquunnamtii qabaachuufi dhabuun ishee utuu adda hinba'iin, akkasumas, qophaa'ummaa ishee malee yeroo abbaan warraa barbaadu qofaatti dhiyaachuun ishee wantaa inni (abbaan warraa) yeroo barbaade fedhii isaa ittiin guuttatu taateetti jechuun nidanda'ama. Haalonni lamaan (nama umriin hingitnetti heerumuufi fedhiin ishee utuu hineegamiin saalquunnamtii raawwachuun) wantaa dhiira gammachiisuuf tajaajiltutti fakkeeffamti. Qoosaan biraa dubartoonni wantaa dhiirotaa ta'uu isaanii agarsiisu kan armaan gadiiti.

Dhirsaa intalaatu amaatii (haadha soddaa) isaa kajelee akka itti ishee bira ga'u dhaba. Asheenni garbuu simbirri itti hammaatte immoo qe'ee jira. Gurbaan amaatii isaatiin "mana waa beekaa deemeen fala ittiin simbirri garbuu kana bira dabartu barbaada" jedha. Mana waa beekaa utuu hinga'iin deebi'ee dhufe. "Waa beekaan fala natti himeera. Garuu, sana dubbachuunis, gochuunis ulfaataadha" jedhe. Haati soddaas, "rakkoo hinqabu, waanuma fedhe ta'uyyuu simbirroomti kun narra haadabartu malee" jetti. Namichis xiqqoo erga dideen booda "amaatii kee waliin ciisi. Garuu itti hingalchiin. Bira dabarsi. Yeroo sana simbirri bira dabarti" naan jedhe jedha. Haati Soddaas "kanatu guddateeree" jettee waliin ciisanii jalqabani. Namichis yeroo hedduu bira daddabarsee

Haadha Soddaatti lubbuu guraare. Sana booda Haati Soddaa “itti galchi, soddaa, itti gallee eegganna” jette (Madda: Araarsoo Addunyaa).

Qoosaa kana keessatti amaatiin gurbichaa (Haati Soddaa) wantaa saalquunnamtii taatee ibsamtee jirti. Sababiin isaa, kaayyoon ishee inni guddaan saalquunnamtii raawwachuu utuu hintaane rakkoo yeroo ishee mudateef fala argachuudha. Innis, simbira garbuu isaaniitti marmartu fala ittiin ofirraa dhorkan barbaaduudha. Fala ta’a jedhamee kan dhiyaate yaada soddaan waa beekaa irraa dhaga’ee dhufe sana raawwachuudha. Kanaaf, rakkoo jireenya keessa ishee mudate keessaa ba’uuf yaada soddaan dhiyeesse raawwate. Warreen feminiizimii haala namoonni waanteffamanii namoota biroof dhiyaachuu danda’an keessaa tokko rakkoo jireenya keessatti isaan mudateef fala barbaaduuf akka ta’e yaada dhiyeessu (Haslanger, 1993). Qoosaa kana keessattis Haati Soddaa rakkoo ishee mudate keessaa ba’uuf wantaa soddaa taatee hubatamte. Hubannaan kun yaada soddaa keessa jira. Soddaan ilaalcha akkasii sababa qabuuf utuu waa beekaa bira hindeemiin mala malatee gara ishee dhufe. Kanarraa kan ka’e, haati soddaa wantaa saalquunnamtii taatee ibsamte. Isheen is fedhii isheef utuu hintaane rakkoo ishee mudate keessaa ba’uuf akka wantaatti fakkeeffamtee ibsamte.

Warreen feministootaa akka jedhanitti, dubartoonni faayidaa barbaachaaf jecha gochaa saalquunnamtii niraawwatu (Mackinnon, 1989). Keessumaa yeroo rakkoon isaan mudatu rakkoo sana jalaa ba’uuf jecha nama isaan gargaaru waliin saalquunnamtii raawwatu. Yeroo kana kaayyoon isaanii fedhii saalquunnamtii qabaatanii utuu hintaane nama rakkoo keessa jiran keessaa isaan baasu dhabuu irraa kan ka’edha. Yaada akkasii Nassbaum (1995) “*inertness*” jechuun moggaasti. Kun nama rakkoo keessa jiru keessaa qaama gargaaree baasu dhabuu irraa kan ka’e kan uumamudha. Keessumaa dubartoonni yeroo kanatti qaama isaan gargaaree rakkoo sana keessaa isaan baasuuf yaada dhiyeesseef akka wantaatti dhiyaatu. Eenyummaa duraan qaban sana dhiisuun wantaa dhiirri barbaadu ta’u. Qoosaa kanarraas haati soddaa rakkoo ishee mudate keessaa ba’uuf jecha waan akka aadaatti safeeffatamu dhiisuun abbaa warraa intala isheef (soddaaf) wantaa ta’uun dhiyaatte.

Sirna Gadaa keessatti saalquunnamtiin dhiiraafi dubartii gidduutti raawwatamu daangaa qaba. Daangaan isaas firooma dhiigaa, dubara abbaan ishee luba ta’e, kan abbaan manaa ishee gadoomarra jiru yookaan miseensi maatii ishee gadoomarra jiru, hidda dhalootaa tokko keessatti

argaman, halalee, kan hoosiftu, dubara qarree, dhiironni dhiirotaafi dubartoonni dubartoota waliinidha (Ibrahim, 2006). Qoosaa kana keessatti daangaan kun cabee jira. Sababiin isaa soddaan dubartoonni wantaa saalquunnamtii fedhii dhiirotaa baasuuf uumaman ilaalcha jedhu qabaachuu isaati. Kanarraa kan ka'e, safuu hawaasaa cabsuun amaatii isaa waliin saalquunnamtii raawwate. Kanaafuu, amaatiin gurbichaa wantaa saalquunnamtii taatee qoosaa kana keessatti calaqqistee jirti.

Dharraa Saalquunnamtii

Namni tokko qabxiilee dharraa saalquunnamtii qabaachuu agarsiisan seensa jalatti ibsame keessaa tokko yookaan sanaa ol kan calaqqisiisu yoo ta'edha. Kana jechuun, namoonni madaalliiwwan sanneen keessaa ilaalchaan, gochaan yookaan dubbiidhaan tokko yoo kanneen agarsiisan ta'an dharraa saalquunnamtii qabaachuu yeroo baay'ee ibsama. Dharraan kun saalaafi umriin adda ba'uu dhiisuu mala. Keessumaa, dubartootni heerumanis ta'an kanneen hinheerumne ilaalcha kana akka qaban qoosaalee keessatti irra deddeebiin dhiyaatu (Masowa, 2016). Qoosaa Oromoo Maccaa keessattis haalli kun nimul'ata.

Haadha Jireenyaa: “Akkamimmoo jireenyi?”

Bultuu: “Muu abbaa koo jireenya maaliitu jira jetteeti?”

Haadha Jireenyaa: “Maal jaarsa keen waliif hintaanee?”

Bultuu: “Muu! Jaarsi si'anaa maal gatii qaba jetteeti! Ati hindhageenyee waan jaartiin warra gama sanaa jette?”

“Boqqolloo baranaa ya daabboo koo,

Dhirsaa baranaa ya abbaa koo.

Ganda dhaqee nama hinaarsu,

As galagal jedhee nama hinxaarsu,

Ittuu galagalan nama hinwarraaqsu” jette (Madda: Caalaa Abbaas).

Afwalaloo qoosaa kana keessatti dubartiin ‘**Bultuu**’ jedhamtu dharraa saalquunnamtii qabaachuu ishee hubachuun nidanda'ama. Sababni isaa, dubartiin qoosaa kana keessatti ibsamte dharraa saalquunnamtii qabaachuu qabxii mul'isu keessaa tokko kan ta'e ilaalcha sanaa qabaachuu isheedha. Kanaafuu, qoosaa kana keessatti dubartiin mul'attu yaada “as galagali jedhee nama hinxaarsu; ittuu galagalan nama hinwarraaqsu” jedhu dharraa saalquunnamtii qabaachuu ishee

agarsiisuuf ragaadha. Yaadni kun dharraa saalquunnamtii qabaachuu ishee guddisee kan agarsiisudha. Sababni isaa, dubartiin kun abbaan warraa ishee akka itti galagaluufi yeroo yerootti akka dhamaasu barbaadde turte. Garuu inni kana hintaasifne. Utuu inni hinbarbaadiinuu yoo itti galagalan ol siqi; gad siqi; kana godhi; sana taasisi jedhee hindhamaasne. Calliseema waliin rafuu isaa agarsiisa. Isatti miirri kun dhaga'amaa hinjiru. Isheen garuu fedhii guddaa qabdi. Hawaasni isa kana qoosaa keessatti ibsata. Dharraa saalquunnamtii qabaachuu dubartootaa kanneen agarsiisan keessaa qoosaan armaan gadiis fakkeenya biroodha.

Ijoollee sooressaafi hiyyeessaatu yeroo hundumaa waliin oolu. Ijoolleen kun yeroo waliin oolan nafsaa isaani walitti agarsiisu. Yeroo walitti agarsiisan nafsaa isa hiyyeessaa guddaadha. Kan isa sooressaa sun immoo xiqqoodha. Kanaaf, mucaan sooressaa sun guyyaa tokko akkamitti nafsaa isa guddaa akka ta'eef gaafata. Mucaan hiyyeessaa sunis “nuti yeroo hundumaa akaayii waan nyaannuuf isatu naaf guddise” jedha. Yeroo kana mucaan sooressaa sun manatti galee haadha isaatiin “ilmi warra hiyyeessaa nafsaa isa guddaadha. Kan koo garuu xiqqoodha. Kan isaa akaayii waan nyaatuuf akka guddate natti himeera” jedhee haadha isaatti hime. Haatis gaafa kana dhageessu “hoo! Yoos hoodhu qarshii kudhaniin ofiif; dhibbaan immoo abbaa keef biti” jette (Madda: Dhaabaa Dabaloo).

Dubartiin qoosaa kana keessatti ibsamte dharraa saalquunnamtii qabdi yaadni nama jechisiisu baasii isheen akaayiiif jettee baastedha. Qarshii sana baastee akaayiin sun akka bitamuuf kan barbaadde dharraa saalquunnamtii duraan abbaa manaa isheetiin ba'achuu dadhabde ba'achuufidha. Yaada kana kan agarsiisu inni isheen “Hoo! Yoos hoodhu; qarshii kudhaniin ofiif; dhibbaan immoo abbaa keef biti” jette ragaadha. Waraabbii kanarraa wanti hubatamu nafsaa abbaa warraa ishee xiqqaa ta'uu isaati. Xiqqaachuu isaa irraa kan ka'e miidhamni irra ga'aa turuu adda baasuun nidanda'ama. Miidhamni irra ga'e dharraa saalquunnamtii ba'achuu dadhabuu isheedha. Kanaafuu, sababa kanaan abbaa warraa isheefis wanta qoricha jedhame bituun rakkoo ishee ba'achuu qabdi. Dubartiin kun dharraa saalquunnamtii qabdi kan jechisiises maallaqa isheen baaste sanadha. Yaada akkasii Kontula (2009) namni qabeenya isaa bu'aa saalquunnamtiif jedhee baasii taasisuun dharraa saalquunnamtii qabaachuu ibsa.

Gama biraatiin, qoosaa kana keessatti akkaataa dubartiin itti fakkeeffamtee dhiyaatte ofjaallattummaafi safuu gatuudha. Dubartoonni sammuu isaanii saalquunnamtiin qabamnaan yookaan dharraa saalquunnamtii jabaa qabaannaan of jaallatu, gowwaadha, safuu gatuufi dhimma sana qofaatti gororu (Masowa, 2016). Ofjaallattummaa jechuun, kaayyoofi fedhii ofii qofa giddugaleeffatanii deemuudha. Isheenis kanaaf mucaa ishee caalaa abbaa warraaf caalchistee akka bitu taasiste. Kun sammuu ishee nafsaaalli abbaa warraa ishee xiqqaachuu irraan kan ka'e dharraa saalquunnamtii ba'uu dhabuu ishee agarsiisa. Kanaafuu, dubartiin qoosaa olii keessatti eeramte dharraa saalquunnamtii akka qabdutti fakkeeffamtee ibsamti.

Ejjuu

Ejjuu jechuun gocha saalquunnamtii nama abbaa warraa yookaan haadha warraa qabu/-du waliin raawwachuudha. Karaa biraa, saalquunnamtii dhiirri yookaan dubartiin hiriya gaa'elaa ofii malee nama gaa'elaa biraa qabu/-du waliin raawwatanidha. Qoosaa Oromoo Maccaa keessatti dubartoonni ejjitootatti fakkeeffamuun yeroo ibsaman nimul'ata. Kunis haala armaan gadiin dhiyaatee jira.

Abbaa warraafi haadha warraa walitti inaaqantu turan. Galgala haati warraa “ka’een diida ba’ee deebi’a” jetti. Abbaan warraa, “turi miila keettin funyoo dhayadha” jedha. Jennaan luka isheetti funyoo dhayatee gadi dhiisa. Isheenis gadi baatee luka ishee irraa funyoo hiiktee hudduu mooyyeetti hiitee dhiira biraa beellamatte sana bira dhaqqeetti. Abbaan warraas eegee dadhabnaan funyoo harkise. Haati warraas “xiqqoo turi abbaa manoo ammayyuu hindhiqanneem” jette (Madda: Fayisaa Amansiis).

Qoosaa kana keessatti dubartiin abbaa warraa isheef amanamummaa dhabuu hubachuun nidanda'ama. Abbaan warraa ishee sababa ishee shakkuuf akka halkaniin bakkee hinbaane barbaada. Bakkee ba'uun ishee dirqama ta'uu yeroo hubatu garuu mala barbaada. Mala kanaan miila isheetti funyoo hidhee akka gadi baatu taasisuudha. Akka yaada isaatti funyoo itti hiinaan igir (fagoo) hindeemtu. Garuu, isheenis mala qopheeffatteetti. Funyoo sana miila isheerraa hiiktee mooyyeetti hiite. Haala kanaan dubartiin amanamummaa akka hinqabne qoosaa kana keessatti calaqqisee jira. Amanamummaa dhabde jechuun immoo ejjite jechuudha. Ejjite kan ishee jechisiise utuu abbaa warraa qabduu nama biroo waliin saalquunnamtii raawwachuu isheedha. Qoosaan armaan gadiis hanna saalquunnamtii haati manaa abbaa manaa irratti raawwattu keessaa tokkodha.

Yeroo tokko abbaan warraa duulatti ka'e. Jennaani haati warraa "yaa abbaa manoo?" jetti. Innis "Yee" jedha. Isheenis "Atoo duulatti kaate; waanticha akkam goona?" jetti. "Koottu waggaa kana naaf ga'i. Waggaa kana deebi'i?" jetti. Innis "Attam goonaree?" jedha. "Wantii goonee deemna; haakusaawu; mataa isaa dhoofnee, micciirree, shurrubbaa goonee, haamma ani dhufutti akka hinhaaddanne" jedhee sokke. Dhaqee ajjeesee dhufe. Ajjeesee gaafa inni dhufu

"Yaa abbaa manoo

Balooyii siif hiikkannaan

Gammachuu jedhee

Dannabsuu jedhee

Inni manaas hiikkate" jette.

Innis,

"Balooyiis naaf hiikkate

Doorayii naaf hiikkate

Manaayis naaf hiikkate

Haahiikkatu maal abbaasaa

Dhugaa baratu baasa" jedhe (Madda: Tarrafaa Fufaa).

Qoosaa kana keessatti abbaan warraa adamoof deeme. Yeroo durii namoonni cimaa jedhamuuf manarraa fagaatanii bineensa daggalaa eeboodhaan ajjeesanii yeroo galan goota jedhamuun waamamu. Hawaasa keessatti kabajaa guddaa argatu. Namni bakka isaan jiranitti dura isaanii hindubbatu. Haati warraallee dura dubartootaa deemti. Faayidaa hunda dubartoota naannoo dursuun argatti (ጃቢሳ, 1992). Abbaan warraas maqaa kana argachuuf duula deeme. Garuu, haati warraa waadaa waliif galan sana eeguu hindandeenye. Amanamummaa dhabuu irraan kan ka'e waadaa waliif galan diigde. Dubartiin kun safuu kana cabsitee jirti. Amanamummaa hir'isuu ishee qofaa utuu hintaane gowwomsuuf yaaliin isheen taasiftes guddaadha. Yaalii gowwomsaa ishees yeroo abbaan warraa ajjeesee galu gammaduu dhagahee hiikkachuu bifa afwalaloon ibsiti. Kanaafuu, waadaa sana cabsitee utuu abbaa warraa qabduu nama biroo waliin saalquunnamtii raawwachuun ishee ejjuu ishee agarsiisa. Qoosaan armaan gadiis sababii ejjuu irraan kan ka'e miidhaa qaamaa dubartii irra ga'e kan agarsiisudha.

Aduu saafaa abbaan warraa manaa adeemee jira. Kaleessa [maabara] laatanii har'a saawwan obaa geesse. Haati warraa ammasitti sanyoo qabdu manatti galchatteetti. Sanyoon ishees taa'ee farsoo isa injiraan mataa keessatti ajjeesu dhuga. Abbaan warraa saawwan geessee yeroo deebi'u haati warraa alaalatti hiixattee argite. Abbaan warraa dhufee yeroo mana ga'us "Abbaan Taakkalaafaa dhufaniiruum! Koottaa qirraarii dhugaa jedheen maqse. Koottu wajjiin taa'ii dhugi" jette. Abbaan Taakkalaa abbaa warraa ishee waliin fira waliin jedhu; waljaallatu. Yeroo walargan walitti qoosu. Abbaan warraa ishees "Dhugaadhoo! Qirraarii dhugoo! Isa injiraan ajjeesu itti laatteetta. Mee fidaakaa nan ilaalaa?" jedhee Abbaa Taakkalaa irraa fuudhuuf hiixate. Abbaan Taakkalaas "lakki, anoo nan dhugaa; hinkennu" jedha. Abbaan warraa, "Ija kee hinhabaasiinkaa. Haadha manaa koof anuu galeen jira. Kan keetti gali. Giiftii farsoo kee laadhadhu. Isa kaaniif anuu jira. Ija keessan hinhabaasiinaa; wal hinlaaliinaa. Kan keetti gali. Waa'ee Ixaanee koo dhiisi" jedhe (Madda: Abbaatuu Xaalboo).

Qoosaa kana keessatti waan ejjaatu ibsame. Dubartiin 'Ixaanee' jedhamtu abbaa warraa isheef amanamuu dhabuu ishee agarsiisa. Sanuu amma abbaan warraa ishee loon obaa buusee dhufutti sanyoo ishee waammate. Waamuu qofa miti dhugaatii addaa abbaa warraa isheef hinkennine kenniteefii jirti. Abbaan manaas kana shakkee jira. Shakkii isaa keessatti farsoon sun farsoo addaa ta'uu, kan Abbaan Taakkalaa dhufeefis farsoo dhuguuf qofa utuu hintaane dhimma biraaf akka ta'e hubate. Yaada kanaaf ragaan jiru farsoo Abbaa Taakkalaaf kenname dhandhamee ilaaluuf gaafachuu isaati. Kanarraa kan ka'e haadha warraa isaatiinis "farsoo kee kennuu dandeessa. Isa kaaniif garuu anuu galeen jira" yeroo jedhu Ixaaneen sanyoo ishee waliin saalquunnamtii raawwachuuf akka karoorfatte hubachuun nidanda'ama.

Sanyoon gochaa dhiirri fuudhee jiru tokkoofi dubartiin heerumtee jirtu tokko wal jaallachuurraa kan ka'e osoo haati/abbaan warraa hinbeekiin dhoksaan saalquunnamtii raawwachuudha. Karaa biraa, saynoo jechuun gaa'elaan ala dhiira yookaan dubartii biroo waliin saalquunnamtii taasisan uummachuudha. Yaada kana Asmerom (1973) "sanyoo is institutionalized extramarital relationships of Oromo women. Men cannot deny this right and it is a sanctioned freedom to take lovers" jechuun ibsa. Oromoo Maccaa biratti dubartiin tokko dhiira biraa yookaan dhiirri tokko

dubartii biraa sababoota garagaraa irraa ka'ee sanyoo taasifata/-tti (Birhaanuu, 2021). Sababoota kanneen keessaa tokko mucaa dhabuudha. Mucaa dhabuun akka waliigalaatti yookaan wanta barbaadan keessaa tokko dhabuudha. Keessumaa, ilmoo dhiiraa qe'ee dhaala, gaaddisa, hirkoodha, nama xebba jedhamee waan yaadamuuf dubartiin yookaan dhiirri ilmoo dhiiraa yoo dhaban sanyoo baafatu. Makammaksa keessattis “Waaqa ilma naa kenni, gudeeda ormaa keessaa yoo taatellee” jedha. Gudeedni ormaa kun sanyummaa (jaala-jaaltoo) kan jedhamudha (Ibrahim, 2006).

Ixaaneenis haalli isheen jaala-jaaltoo itti baafatte fira waliin jechuu irraa kan ka'e Abbaa Taakkalaa waliin hariiroo saalquunnamtii uummatteetti. Hariiroon kun maqaa firoomaan kan dhufedha. Fira jedhanii waan walfaarsaniif hidhanni saalquunnamtii kun uumame. Kanaaf, farsoo jiru keessaa kan injiraan mataa keessatti ajjeesu filtee kennite. Kan injiraan mataa keessatti ajjeesu jechuun farsoon kun baay'ee cimaa ta'uu isaa nama hubachiisa. Dubartittiin waan abbaa manaa isheef hingoone sanyoo isheef goote. Kanaafuu, hariiroon isheen utuu abbaa warraa qabduu nama biraa waliin raawwate ejjummaatti fakkeeffamtee akka ibsamtu ishee taasisa.

Goolaba

Qorannoo kana keessatti fakkoomii dubartootaa qoosaa Oromoo Maccaa keessa jirutu ragaalee ragimtoota irraa walitti qabaman bu'uura godhachuun xiinxalame. Haaluma kanaan argannooleen fakkoomii dubartootaan walqabatanii qoosaa Oromoo Maccaa keessatti calaqqisan qorannoo kanaan bira ga'amaniiru. Isaan keessaas kan jalqabaa, dubartoonni wantaa saalquunnamtii dhiirotaatti fakkeeffamuun ibsamani. Kana jechuun, kanneen fedhii dhiirotaa qabbaneessuuf uumaman ta'anii kabajaan namummaa irraa mulqamee akka wantaatti gadi buufamuun ilaalamani jiru. Kun immoo hamileefi fedhii isaanii irratti dhiibbaa cimaa akka qabu qorannichaan bira ga'amani jiru. Akkasumas, dharraa saalquunnamtii akka qabanitti fakkeeffamanii yeroo ibsamanis nimul'atu. Kunis, yeroo isaan dharraa isaanii baafachuuf dubbii afaaniin irra deddeebi'anii dubbataniifi gochaan irratti hirmaatan, akkasumas, qabeenya isaanii sanaaf baasan ragaalee xiinxalaman irraa hubachuun nidanda'ama. Dabalataan, ejjitoota yookaan kanneen abbaa warraa isaaniif hinamanamneefi dhiira biraa barbaadanitti fakkeeffamuun akka ibsaman qorataan qorannoo isaan bira ga'ee jira.

Fakkoomiiwwan olitti qorannichaan bira ga'aman meeshaa dhiironni olaantummaa isaanii ittiin agarsiisuuf fayyadaman ta'uu leellistoonni feminiizimii ibsu. Akka isaaniitti, addunyaan kun addunyaa olaantummaa dhiirotaan dhuunfatamte sababa taateef, dubartoota akka namaatti utuu hintaane wantaa fedhii isaanii baasuuf tajaajilanitti hubatu. Ilaalchi akkasii baroota dheeraaf dubartoota bittaa dhiirotaa jalatti kufanii akka jiraatan taasise. Haata'u malee, dubartoonni akkuma dhiirotaa wanta isaan hojjetan, yaadan, fedhan, dubbataniifi kanneen kana fakkaatan mara gochuu danda'u yaada jedhu qabachuun warraaqsa feminiizimii gaggeessaa turan; ammas gaggeessaa jiru. Sochii taasisaniinis bu'aalee hedduu argamsiisuun ilaalchonni duraan turan akka hir'ataniif shoora mataa isaanii ba'ani. Sochii isaan taasisan keessatti dubartoonni wantaa dhiirotaaf uumaman akka hintaane mirkaneessanii jiru. Akkasumas, dharraa saalquunnamtii dubartoonnis ta'an dhiironni qabaachuu isaanii warraaqsa isaaniin agarsiisani. Darbees, gocha ejjaa irratti dubartoota qofaa maqaa balleessuurra dhiironnis hirmaattota gochaa sanaa ta'uu isaanii hubachiisuu danda'anii jiru. Kanaafuu, ilaalchonni dubartoota akka wantaa dhiirotaatti bocan, dharraa saalquunnamtii jabaa qabu jedhaniifi ejjitoota jechuun fakkoomsuun ibsan utuu sirreeffamanii gaarii ta'a.

Wabiilee

- Alharthi, A. (2016). *Challenges and Strategies of Subtitling Humour: A Case Study of the American Sitcom Seinfeld, with Particular Reference to English and Arabic*. (Unpublished PhD Thesis), University of Salford, Salford, UK.
- Ashenafi Belay & Sena Gonfa (2017). Symbolic Representation of Nature and Women in Oromo Oral Narratives. *International Journal of Sciences: Basic and Applied Research (IJSBAR)*. Volume 36, No 1, pp130-153.
- Asmerom Legesse (1973). *Gadaa: Three Approaches to the Study of African Society*. New York: Macmillan publishing Co., Inc.
- Attardo, S. (2001). Humour and Irony in Interaction: From mode adaptation to failure of detection. In L. Ariolli, R. Cicero & G. Riva, (eds.). *Say not to say: New perspectives on Communication*. IOS Press. pp. 165-185.
- Ayehu Bacha & Lenin Kuto (2019). Women and Men in Arsi Oromo Proverbs: An Implication for Gender Equality. *Kafa'ah Journal*. 9 (1), pp 74-86.
- Ben Amos, D. (1975). Folklore in African Society. *Research in African Literatures*, vol. 6, no. 2: 165-198.
- Berhanu Bekele (2015). *Gender Roles and the Society's Perception of Women in Macha Oromo Verbal Arts: A Feminist Approach*. (Unpublished PhD Thesis), Addis Ababa: Addis Ababa University.
- Birhaanuu Taakkalaa (2021). *Laguufi Lagannaa Oromoo*. Finfinnee, Oromiyaa.
- Bukenya, A. (1994). *Understanding Oral Literature*. Nairobi: University of Nairobi Press.
- Callaa Carcar (Ebla 22, 2014). *Waa'ee Sirna Gadaafi Argaa Dhageettii*. https://www.youtube.com/watch?v=U_v0FikWWLY Onkolooessa 18, 2023 sa'aatii 8:48 irratti kan buufame.
- Chesaina, C. (1991). Images of women in African oral literature: Kalenjin and Maasai oral narratives as case studies. *Paper presented at Kenya Oral Literature Association Conference*.
- Dirribii Damusee (2012). *Ilaalchaa Oromoon: Barroo Amantaa, Sirna Bulchiinsaafi Seenaa Oromoo*. Finfinnee: D.G. Printing & publishing Enterprise.
- Eshete Gemedi. (2008). *African Society and the Egalitarian Values: Oromo Folklore Literature and Cultural Studies in a Cotemporary Context*. (Unpublished PhD Thesis), Syddansk Universitat: Institute for Littatur, Kultur OG Medier.
- Fairclough, N. (2001). Critical Discourse Analysis as a Method in Social Scientific Research. In Wodak and Meyer (Eds) *Methods of Critical Discourse Analysis*. London: Sage Publication.
- Franca, G. (2021). *Adultery: An Insight*. <https://www.researchgate.net/publication/352366213>
- Freud, S. (1905/1976). *Jokes and their relation to the Unconscious*. London: Pelican.
- Hall, S. (1997). *Representation: Cultural Representation and Signifying Practices*. London: Sage.
- Haslanger, S. (1993). *On Being Objective and Being Objectified: In a Mind of One's Own*. Feminist Essays on Reason and Objectivity Antony and Witt (eds.). Boulder San Francisco, Oxford: Westview Press, 209–253.
- Hetzron, R. (1991). On the structure of punch lines: Humor. *International Journal of Humor Research*. 4 (1), 61-108.
- Ibrahim Amae (2006). *Socio-Cultural Factors Affecting Sexual & Reproductive. Health: The Roles of Traditional Institutions among the Borana Pastoralists of Oromiya, Southern Ethiopia*. (Unpublished MA Thesis). Addis Ababa: Addis Ababa University.

- Kabaji, S. (2005). *The Construction of Gender through the Narrative Process of the African Folktale: A Case Study Of The Maragoli Folktale*. (Unpublished PhD Thesis), University of South Africa.
- Kobia, J. (2017). Gender Roles in African Oral Literature: A Case Study of Initiation Songs among the Igembe People of Meru of Kenya. *LWATI: A Journal of Contemporary Research*, 14(4), 124-141, ISSN: 1813-222.
- Kontula, O. (2009). *Between Sexual Desire and Reality: The Evolution of Sex in Finland*. Västoliitto and VL-Marketing Co.
- Laineste, L. (2012). Women in Estonian Jokes. In Dorota B., Wladislaw C. (eds.) *Estonia and Poland: Creativity and Change in Cultural Communication*, 1, Tartu: EKM Teaduskirjastus, pp 23–42.
- Levine, S. (2003). The Nature of Sexual Desire: A Clinician's Perspective. *Archives of sexual Behavior*. V. 32, No 3. Pp 279-285.
- Mackinnon, C. (1989). *Feminism: Unmodified Discourses on Life and Law*. Cambridge: Harvard University Press.
- Martin, R. (2007). *The psychology of humor: an integrative approach*. Oxford: Elsevier Academic Press.
- Masowa, A. (2016). *Gender and Humour: Complexities of Women's Image Politics in Shona Humorous Narratives*. (Unpublished PhD Thesis), University of Cape Town.
- McCreaddie, M. & Wiggins, S. (2008). The purpose and function of humour in healthcare and nursing: A narrative review. *Journal of Advanced Nursing*, 61, 584-595.
- McKay, T. (2013). Female Self-Objectification: Causes, Consequences and Prevention. *McNair Scholars Research Journal*: Vol. 6, Article 7. Pp 53-70. Available at: <https://commons.emich.edu/mcnair/vol6/iss1/7>
- Mirattuu Surraa (2013). “*Xiinxala Ergaafi Qabiyyee Baacoo Oromoo Godina Wallaggaa Bahaa Aanaa Leeqaa Dullachaa Xiyyeeffachuun*”. (Qorannoo Digirii Lammaffaa Hinmaxxanfame). Yunvarsitiitii Wallaggaa, Naqamtee.
- Mohammed Hassen (1983). *The Oromo of Ethiopia, 1500-1850: With Special Emphasis on The Gibe Region*. University of London.
- Muluken Kassahun (2021). *Gadaa System and Women's Rights: The Role of Oromoo Women's Customary Institutions in Ensuring the Protection of Rights of Women*. (Unpublished PhD Thesis), Addis Ababa: Addis Ababa University.
- Mugo, E. N. (1975). *Kikuyu People. A Brief Outline of their Customs and Traditions*. Nairobi: Kenya Literature Bureau.
- Ndungo, M. C. (1998). *Images of Women in African Oral Literature: A Case of Gikuyu and Swahili Proverbs*. (Unpublished PhD Thesis).
- Negaso Gidada (2001). *History of the Sayyoo Oromoo of Southwestern Wallaga, Ethiopia From About 1730 to 1886*. Ethiopia: Mega Printing Enterprise.
- Nilsen, A. P. (1994). In defence of Humour. *College English*, 56 (8), 928-933.
- Nussbaum, M. (1995). Objectification: *Philosophy and Public Affairs*: 24(4): 249–291.
- Plester, B. (2016). *The Complexity of Workplace Humour: Laughter, Jokers and the Dark Side of Humour*. Switzerland: Springer International Publishing.
- Richardson, D. and Robinson, V. (1993). *Introducing Women's Studies: Feminist theory and practice*. London: The Macmillan Press Ltd.

- Schmitz, T. (2007). *Modern Literary Theory and Ancient Texts: An Introduction*. Blackwell Publishing Ltd.
- Tadesse Jaleta (2019). Contesting Images of Womanhood: The Narrative Construction of Gender Relations in Ethiopia. *African Studies Quarterly*. 18 (3).
- Yesmen, N. & Nahid, M. (2020). The Condition and Consequences of Adultery in Bangladesh. *Scholars International Journal of Law, Crime and Justice*. 3(1): 32-38.
- Zelege Teshome (2013). *A Discourse Analysis of Gender Representation in Oromo Cultural Marriage (Wedding) Practices: The Case of Sakala District, Horro Guduru Wallaga Zone*. (Unpublished PhD Thesis). Addis Ababa: Addis Ababa University.
- ጃቤሳ ጳጂታ (1992):: የኦሮሞ ብሔራዊ አጭር ባህልና ታሪክ::